Boqonnaa

# 8



# YEROO

## 8.1 YEROO SA’AATIIN, WALAKKAA SA’AATII FI KURMAANA SA’AATIIN HIMUU

### GOCHA 8.1

1 Ganama sa’aatii meeqatti gara mana barumsaa deemta?

2 Barumsi ganama sa’aatii meeqatti eegala?

3 Mana barumsaa keetii hamma manaatti sa’aatii meeqa deemta?


### MODEELOTA SAFARA SA’AATII

1 Kan gara mirgaa fakkii meeshaa sa’aatii ittiin safarruu dha.


Meeshichis sa’aatii jedhama.

Meeshaa kana irratti xiyya gabaabaa furdaa fi xiyya qallaa dheeraatu mul’ata.

- xiyyi dheeraan daqiiqaa agarsiisa.
- xiyyi gabaabaan sa’aatii agarsiisa.



**2** Kan gara mirgaa fakkii meeshaa safara sa'aatiiti.




Kana irraa sa'aatii himuuf dubbisuu qofa. Fakkeenyaaf fakkii kenname irratti 6:00 agarsiisa. Yommuu dubbifamus, sa'aatii ja'a jedhameeti.

## Fakkeenya 1

| | |
|---|---|
| Meeshaa kenname irratti xiyyi sa'aatii gara 5 agarsiisa. Kan daqiiqaa immoo 12 agarsiisa.<br>Kunis sa'aatii 5 agarsiisa. |  |

| yommuu dubbifamu | Sa'aatii 5 | Yommuu barreeffamu | 5 : 00<br>Sa'aatii Daqiiqaa |
|---|---|---|---|

## Hubadhu

***Xiyyi sa'aatiis ta'ee kan daqiiqaa bitaa irraa gara mirgaatti naanna'u. Bakki ka'umsa isaanii 12 irraati. Xiyyi daqiiqaa 12 irraa gara 1 tti yoo naanna'e, daqiiqaa 5 adeeme. 12 irraa gara 3tti yoo naanna'e daqiiqaa 15 adeeme. Lakkoofsota walitti aanan lamaan jidduu daqiiqaa 5tu jira.***

## Fakkeenya 2

| | |
|---|---|
| xiyyi sa'aatii 2 agarsiisa. Kan daqiiqaa immoo 3 agarsiisa.<br>Kanaafuu, daqiiqaan $3 \times 5 = 15$ agarsiisa.<br>Kunis, sa'aatii 2 fi kurmaana jedhama. |  |

| Yoo dubbifamus | Sa'aatii lamaa fi kurmaana | Yoo barreeffamu | 2 : 15 |
|---|---|---|---|

© MoE-FDRE Ethiopia Not to be reprinted

## Fakkeenya 3

Xiyyi sa'aatii 3 irra dabree agarsiisa. Kan daqiiqaa immoo 6 agarsiisa. Kanaafuu, daqiiqaa 6 × 5 = 30.

Kunis sa'aatii 3 fi walakkaadha.




| Yoo dubbifamus | Sa'aatii sadii fi walakkaa | Yoo barreeffamu | 3:30 |
|---|---|---|---|

### GILGAALA 8.1

1 ***Fakkiiwwan sa'aatii armaan gadii sa'aatii meeqaa fi daqiiqaa meeqa akka agarsiisan barreessi.***

| | | | |
|---|---|---|---|
| **a** |  | **c** |  |
| **b** |  | **d** |  |

**2** ***Yeroo kenname xiyyoota sa'aatii fi daqiiqaa hojjechuun agarsiisi.***

**a** 12 : 00


**b** 4 : 15


**c** 5 : 30


**d** 8 : 00


**3** ***Walitti Firoomsi.***

**1** 5 : 15 **A**


**2** 9 : 30 **B**


**3** 5 : 00 **C**


**4** 2 : 15 **D**


**5** 3 : 30 **E**


# 8.2 SA'AATII FI DAQIIQAA

## GOCHA 8.2

Sa'aatii 1 keessa daqiiqaa meeqatu jira?

Sa'aatii fi daqiiqaan yuunitoota safara yerooti.

| | |
|---|---|
| Sa'aatiin 1 = Daqiiqaa 60.<br>Walakkaan sa'aatii = Daqiiqaa 30<br>Kurmaanni sa'aatii = Daqiiqaa 15 |  |



## GILGAALA 8.2

**1** ***Kanneen armaan gadii daqiiqaa meeqa meeqa ta'u?***

- **a** Sa'aatiin 1 = Daqiiqaa ______.
- **b** Sa'aatii Walakkaan = Daqiiqaa ______.
- **c** Sa'aatii Kurmaanni = Daqiiqaa ______.

**2** ***Bakka duwwaa guuti***

- **a** Daqiiqaan 60= Sa'aatii ______.
- **b** Daqiiqaan 30= ______ Sa'aatii.
- **c** Daqiiqaan 15= ______ Sa'aatii.